Baafata

Mata Duree

Fula

1. Seensa ---------- 2

Kutaa Tokko

2. Mata Duree Gabaabaa ---------- 3

3. Hiika ---------- 3-5

4. Daangaa ---------- 5

Kutaa Lama

5. Kaayyoo ---------- 6

6. Qajeeltoowwan /Pirinsipiloata/ Qajeelfamichaa ----------6-7

Kutaa Sadi

7. Ulaagalee waliigalaa galmee miseensummaa ----------7-11

Kutaa Afur

8. Gosa Manneenii, Gatii Ijaarsaa fi Baay'ina Miseensota Waldaa Hojii Gamtaa ----- 11-14

Kutaa Shan

8. Adeemsa Gurmaa’insaa fi Galmee ---------- 14-17

Kutaa Jaha

9.Gahee Hojii fi ItiGaafatamummaa ----------17-26

Kutaa Torba

10. Tumaalee Adda Addaa ---------- 26-28

11. Unkaalee Adda Addaa ---------- 29-34

Qajeelfama Gurmaa’iinsa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 11/2007

Bulchiins Mootummaa Naannoo Oromiyaa Imaammataa fi Tarsiimoo misooma manaa hojiitti hiikuun rakkoolee manneen jireenyaa magaalota Naannoo Oromiyaa keessatti mul’atu itti fufiinsaan salphiisuuf tattaaffii gochaa tureera. Haata’u malee, Biiroon Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaa rakkoon mana jireenyaa jiru hundee qabeessummaan kan hin hiikkanne ta’uu isaa hubachuun sagantaa misoomaa manaa armaan dura eegalame 20/80 irratti dabalataan filannoo jiraattota harka qalleeyyiitiif sagantaa 10/90 fi namoota galii gidduu galeessa qabaniif sagantaa 40/60 tiin akkaataa humna isaaniitiin akka rakkoo mana jireenyaa jalaa bahan taasiisuuf magaalota keenya keessatti fedhii jiru addaan baasee jira. Kanaan walqabatee, sagantaa manneen qusannaa deeggarsa mootummaatiin ijaaramuu qaban itti fufsiisuuf qophii adda addaa raawwachaa kan jiru waan ta’eef;

Manneen deeggarsa mootummaatiin ijaaraman akkuma jirutti ta’ee, lammiileen baasii ijaarsa manaa %100 of danda’anii mana jireenyaa ijaarrachuu barbaadanii fi ulaagaa seeraan taa’e guutuu danda’an waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin gurmaa’uun rakkina mana jireenyaa salphiisuuf sagantaa misooma mana kanatti fayyadamtoota akka ta’an gochuuf;

Waldaaleen armaan dura ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa’anii turanii fi haaraa gurmaa’uu barbaadan miseensootiin isaanii ijaarsa manneen jireenyaatiif akka galmaa’uu danda’an haala mijeessuun barbaachisaa ta’ee waan argameef;

Lammiileen biyya keessaas ta’ee biyya alaa jiraatan waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin gurmaa’anii mana ijaarrachuu barbaadaniif adeemsii ittiin galmaa’ani fi gurmaa’an iftoomina, hirmaachisummaa fi hunda qaqqabaa akka ta’u akkasumas hojmaata seeraan alaatiif akka hin saaxiilamne gochuun kiraa sassaabdummaa irraa akka bilisa ta’uufi itti gaafatamummaan qaamolee adda addaa kan keessatti mirkanaa’e ta’ee kallattii raawwii mootummaan barbaaduun akka raawwatamu gochuun murteessaa ta’ee waan argameef; Lammiileen waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin gurmaa’anii dhiyaachuu barbaadan dursanii ulaagaalee barbaachisu akka beekan taasiisuun tajaajila saffiisaa fi si’oomina qabuun keessumaa’anii yeroo gabaabaa keessatti gurmaa’insa isaanii akka xumuratan gochuuf;

Qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu hundi gahee hojii fi itti gaafatamummaa waliinii fi qofaa isaanii beekuun sagantaan misooma mana waldaalee kun akka milkaa’ee bu’aa qabeessa ta’uuf bu’uura labsii qaama raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.170/2004 keewwata 4 (17) irratti aangoon BiiroIndustirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatiif kennameen qajeelfama kana baasee jira.

Kutaa Tokko

Waliigala

1.Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun ***“Qajeelfama Gurmaa’insa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa***

Oromiyaa Lakk 11 /2007 jedhamee waamamuu ni danda’a.

2.Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee qajeelfama kana keessatti:-

1) “**Mootummaa**” jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) “**Biiroo**” jechuun Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaati.
3) “**Waajjira**” jechuun Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaa Godinaati.
4) “**Bulchiinsa Magaalaa**” jechun magaalaa magaalotaa oromiyaa sadarkaa kamiiyyuu ta’ee qaama seerummaa magaalummaa qabu hunda jechudha.
5) “**Ejensii lafa**” jechuun Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Oromiyaatti
6) **“Ejensii mana” jechuun** ejensii misooma fi Ijaarsaa Mana Oromiyaa jechuudha.
7) **“Shuumii Gamoo**” jechuun Labsii 174/2004tiin labsii gamoo akka raawwachiisuuf nama aangoon kennameef jechuudha.
8) “**Yuniyeenii**” jechuun waldaalee hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa bu’uuraa kaayyoo wal fakkaatu qaban lamaa fi isaa ol ta’an walitti gurmaa’aniinkan dhaabbate waldaa hojii gamtaa sadarkaa lammaffaa dha.
9) “**Labsii**” jechuun Labsii Qaamolee Raawwaachiiftuu Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 170/2004 fi Labsii Waldaa Hojii Gamtaa Federaalaa 147/1991 ti.
10) “**Dambii** ”jechuun dambii Waldaa Hojii Gamtaa Federaalaa 106/2004 jechuudha.
11) “**Ka’umsa gatii liizii**”jechuun baasii bu’uuraalee misoomaa gurguddoo diriirsuuf barbaachisu, qabeenya laficha irra qubatee jiru

kaasuuf yookiin beenyaa namoota laficha irraa ka’aniif kaffalamuu fi baasiiwwan biroo tilmaama keessa kan galche gatii ka’umsa liizii lafaa jechuu dha.

12) “**Qaama Gurmeessu”**jechuun waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa akka gurmeessu aangoon labsii 170/2004 keewwata 4 (17)irratti Biiroo Industirii fi Misooma Magaala Oromiyaatiif kennameen Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa,Waajjira Industirii fi Misooma MagaalaaGodinaa fi Bulchiinsa Magaalaa jechuudha.

13) “**Waldaa**”jechuun bu’uura Labsii 170/2004 keewwata 3(2)tiin waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa’ee fi galmaa’e jechuu dha.

14) **“Waldaa buleeyyii”**jechuun qajeelfamni kun osoo hin bahiin dura waldaa hojii gamtaa

ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa’ee fi galmaa’ee qaama seerummaa argate jechuudha.

15) **“Waldaa haarawaa”** jechuun qajeelfamni kun erga bahee hojii irra oole booda waldaa

hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiif gurmaa’ee fi galmaa’ee qaama seerummaa argate jechuudha.

16) “**Mana hojii**” jechuun bu’uura qajeelfama kanaatiin mana hojii hojjattoota isaatiif baasii ijaarsa mana guutuu kaffalee fi mana jireenyaa ijaaruuf heyyamama kan ta’e jechuudha.

17) **“Diyaaspooraa”**jechuun lammiilee Itoophiyaa fi dhalootaan Itoophiyaa ta’anii biyya alaa kan jiraataa jiran jechuudha.

18) **“Diyaaspooraa deebi’an”**jechuun lammiilee Itoophiyaa ta’anii biyya alaa turanii sababa adda addaatiif biyya alaatii deebii’anii waggaa lama ol biyya keessa kan jiraatanii fi hojiilee adda addaatti kan bobba’anii jiran jechuu dha.

19) **“Misiyoonii”**jechuun Waajjira Imbaasii ykn Qoonsiilaa Mootummaan Feedaraalaa biyya alaatti hunddeesse yookiin hundeeffamu jechuu dha.

20) **“Diippiloomaatii”**jechuun Hojjetaa Ministeera Dhimma Alaa keessa yookiin mana hojii mootummaa biroo keessaa Mootummaa Federaalaa Itoophiyaatiin ramadamee walqunnamtii biyya alaa irratti kan hojjetu jechuu dha.

21) **“Ragaa bakka bu’iinsaa”**jechuun qaama seeraan aangoon kennameen waajjira ragaa fi waliigaltee yookiin misiyoonii biratti qaamaan dhiyaatee bakka bu’iinsi kennamee karaa Ministeera Dhimma alaatii fi waajjira ragaa fi waliigalteetiin kan mirkanaa’e jechudha.

22) **“Mana”**jechuun mana haala seera qabeessa ta’een ijaaramee tajaajila mana jireenyaatiif oolu jechuudha.

23) “**Town house”**jechuun mana abbaa darbii tokkoo (G+1 fi G+2) ta’ee mooraa xiqqaa fi karra seenuuf bahuu off danda’e kan qabuu fi mana ollaa wajjin girgiddaan kan walqabatu jechuu dha.

24) **“Appaartaamaa”** jechuun abbaa darbii afurii fi isaa olii ta’ee akkaataa pilaanii itti fayyadama lafa heyyamameen mana waliinii qabeenyummaan isaa kan dhuunfaa ta’e jechuudha.

25) **“Viillaa”**jechuun mana bilookkeettiin ykn dhakaan fi simintootiin ijraaramee mooraa of-danda’e qabu jechuu dha.

26) **“Meeshaa ijaarsa manaa naannoo irraa argamu”** jechuun mana magaalotaa baay’inni ummata isaanii 10,000 fi gadi ta’anii fi haala addaatiin magaalotaa gurgguddoo keessatti koreen kantiibaa haala qabatamaa sadarkaa lafaa manichi irratti ijaaramuu fi dandeettii waldichaa jiddu galeessa godhatee murteessuun meeshaa mana jireenyaaijaaruuf oolu jechuudha.

27) “**Herrega cufaa**” /block account/jechuun Waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneeniitiif maqaa waldichaatiin baasii ijaarsaa manneen isaanii guutuu herrega baankii hin sochoone keessa kan taa’u jechuudha.

28) “**Baankii**”jechuun Baankii daldalaa Itoophiyaa jechuu dha.

29) “**Waldaahojii gamtaa of-gargaarsaa**” jechuun Magaalota xixiqqoo baay’inni ummata isaanii 2,000 - 10,000 ta’eewaldaa hojii gamtaa

ijaarsaa manneen jireenyaatiin gurmaa'uun humni isaanii baasii ijaarsaa manaatiif bahuu keessatti kan shallagamuuf jechuu dha.

30) "**Sadarkaa Magaalaa**" jechuun labsii lakk. 165/1995 keewwata 6tiin sadarkaa Magaalotaa Oromiyaa 1-4 kennameef jechuudha.

31) "**Sagantaa misooma manaa**"jechuun Mootummaan rakkoo mana jireenyaa salphisuuf sagantaa 10/90, 20/80/, 40/60fi waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa baase jechuu dha.

32) **"Pilaanii"** jechuun ragaa hanga gamoo tokkoo, akaakuu fi bal'ina, akkasumas meeshaafi diizaayinii tooftaa ijaarsa gamoo agarsiisu yookiin moodeela yoo ta'u arkiteekicharii, istiraakicharii, saanitarii, elektiriika, mekaanikaala ta'ee ittisa balaa ibiddaafi hojiilee diizaayinii biroo ni dabalata.

33) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin dhaabbata seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

3.Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata

4.Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun Magaalota Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti jiraattota biyya keessas ta'ee biyya alaa jiraachaa turanii waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneen jireenyaatiin gurmaa'anii qaama seerummaa argatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Kaayyolee fi Qajeelttowwan /Principles/Qajeelfamichaa

5. Kaayyoo

1) Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti namoota waldaa hojii gamtaatiin gurmaa'un mana jireenyaa ijaarachuu barbaadan haal duree guutuu qabani fi itti gaffatamummaa fi dirqamaa jiru akka

beekan gochuun sirna gurmaa’insaa fi galeemeessuu iftoominaa fi haqa qabeessummaa qabu diriirsuuf,

2) Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti lammiilee heyyamamaa fi fedha qaban waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin gurma’anii maallaqa, beekumsa, humnaa fi yeroo isaanii qindeeffachuun rakkina mana jireenyaa qaban tattaaffii gamta’insa qabuun akka furachuu danda’aniif carraa filannoo akka argatan gochuu,
3) Armaan dura waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneen jireenyaatiin gurmaa’anii sababii adda addaatiin hanga ammaatti iddoo mana jireenyaa kan hin argannee fi maallaqni isaanii baankii taa’ee kan eeggachaa jiran rakkoolee waldaalee isaanii kan keessaa fi alaa hiikkachuun sagantaa misooma manaa kanatti akka fayyadamuu danda’aniif hojmaata iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu diriirsuuf,
4) Waldaa hojii gamtaa ijaarsaa manneen jireenyaa haarawaa gurmaa’uu barbaadan sagantaa misooma manaa haarawaa kannatti fayyadamuu akka danda’aniif hojimaata iftoominaa fi itti gaaffatamuummaa qabu diriirsuuf,
5) Kallattii imaammataa mootummaan kaa’een jiraattota manneen jireenyaa waliinii baasii qusatu waldaa hojii gamtaatiin gurmaa’aniif deggarsaa fi gargaarsa qindoomina qabu akka argataniif haala mijataa uumuuf,
6) Qaamolee sagantaa misooma manaa kana keessatti qooda fudhattoota ta’aniif kallattii gurmaa’insa, gahee hojii fi itti gaafatamummaa isaanii agarsiisuu fi deggarsa qindoomina qabu gochuuf,
7) Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatiif aangoon kennamus caasaa dhimma waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa raawwatuu waan hin gurmeefanneef.

6.Qajeeltowwan /Principles/ Qajeelfamichaa

LabsiiWaldaa Hojii Gamtaa Federaalaa lakka.147/1991gurmaa'insa waldaalee hojii gamtaa ijaarsa manneenii keessatti tumaman akka eeggametti ta'ee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti:

1) Miseensota waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneen jireenyaa ulaagaa barbachiisaa ta'e hunda guutaniif garaagarummaa tokko malee hojmaata walqixa fayyadamtoota isaan taasisu hordofuu,
2) Rakkoo mana jireenyaa humna ofiin hiikkachuuf tumsa maallaqaa fi beekumsaa kan deeggaru kallattii jajjabeessu hordofuuf,
3) Miseensota waldaa hojii gamtaa mana jireenyaatiin kangurmaa'an dirqama murtee waldichaa kabajuu akka qabanii fi mirga hirmmachiisummaan isaanii akka kabajamu gochuun ilaalcha dimokiraasummaa akka gonfatan gochuuf,
4) Ilaalachaa fi goch kiraa sassbddummaa irra bilisaa akka ta'aniif
5) Gurmaa'insi Waldaalee hojii gamtaa ijaarsa manneen jireenyaa kun hirmaannaan qooda fudhattootaa sagantaa misooma manneenii kan mirkanneessu taasisuuf.

Kutaa Sadii

Miseensa Waldaa hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Ta'anii Gurmaa'uun Galmaa'uuf Ulaagaalee Barbaachisan.

7. Ulaagaalee Waliigalaa

Ulaagaaleen LabsiiWaldaa Hojii Gamtaa mootummaa Federaalaa lakka147/1991keewwata 13 waldaa hojii gamtaatiif tumame akkuma jirutti ta'ee ,raawwii sagantaa misooma manneenii kanaaf jecha:

a) Umriin isaa wagga 18 fi isaa ol kan ta'e fi jirataa Magaalota Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi diyaaspooraa ta'ee biyya alaa kan jiraatu
b) Magaalicha keessa walitti aansee waggaa 2 fi isaa ol kan jiraatee fi kan jirachaa jiru,
c) Hojjetaa mootummaa yoo ta'ee jirataa magaalaa sunii ta'ee mana hojii mootummaa keessatti hojjataa ta'ee kan hojjachaa jiru.

d) Iddon mana jireenyaa isaa dhaabbataan Magaalicha keessa ta’ee waggoota walitii fufan lamaf Magaalicha keessa yoo jirachuu baate illee sababii:
    1) Hojiitiin iddoo biraa kan hojjachaa jiru ta’uu ragaa kandhiyeeffatu ,
    2) Barnootaf,waldhaansa fayyaatii fi dirqama hojii mootummaatiin biyya biraa jiraachuu isaa qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa dhiyeeffachuu kan danda’u,
    3) Namoota biyya alaatti godanaanii yeroo amma biyyatti deebi’an,
    4) Ragaa dippilomaatummaa kan dhiyeeffatan,
e) Kaffaltii ijaarsaa guutuu kaffaluu kan danda’uu fi kaffaltii galmee miseensummaa waldaa hojii gamtaa kaffaluu kan danda’u,
f) Jiraataa biyya keessaa yoo ta’e, tilmaama baasii ijaarsaa manichaa yeroo gurmaa’u dhibeentaa 20%, yeroo lafa of-harkaan gahan dhiibaantaa 30% herrega baankii cufaatti (block account) kan galchuu danda’u,
g) Ijaarsicha xumuruuf kaffaltii hafu dhibbentaa 50% adeemsaan qusachaa galii gochuu kan danda’u,
h) Diyaaspooraa yoo ta’e, baasii ijaarsa manichaa yeroo gurmaa’u dhibbentaa 50%, yeroo lafa of-harkaan gahan dhibbentaa 50% herrega baankii cufaatti galchuu kan danda’u,
i) Dambii ittiin bulmaataa,kaayyolee fi duudhaalee waldichaa kabajuu fi kabachiisuuf heyyamamaa kan ta’e.
j) Armaan dura maqaa isaatiinis ta’e maqaa haadha manaa yookiin abbaa manaa isaatiin magaalicha keessaa mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaa kan hin qabne yookiin qabaatee qaama sadaffaatti kan hin dabarsine,
k) Magaalicha keessaa carraa Sagantaa misooma manaa kan hin argannee fi kan gara fuula duraatti argachuuf hin galmoofne yookiin

kan galmaa'ee yoo ta'e haqamuu isaa ragaa dhiyeeffachuu kan danda'u yookiin waadaa galee kan mallatteesse,

l) Miseensa Waldaa hojii gamtaa ta'ee yeroo waldaa hojii gamtaa mana jireenyaatiin gurmaa'u akka humna isaatti mana meeshaa ijaarsaa naannootiin ijaaraman, viillaa,mana magaalaa(town house),appaartamaa yoo ta'ee abbaa ciisicha tokkoo, lamaa,sadii fi afuriitiin gurmaa'uuf heyyamamaa kan ta'e,

m) Giddugalessa magaalaatii lafa sagantaa deebisaanii misoomsuuf qabame irratti Waldaan yookiin yuuniyeeniin gurmaa'uun waldaa mana jireenyaa ijaarrachuu barbaadu akkaataa qajeelfama Misooma fi Manajiimantiin Lafa Magaalaa tiin tilmaama gatii beenyaa shallagamun namoota manni isaanii diigamuuf kaffaluuf waadaa kan galu,

n) Tilmaamni beenyaa abbootii qabeenyaa manni isaanii diigamuuf kaffalamu haala tilmaama mootummaan namoota misoomaaf ka'aniif kaffalaa jiruun kan shallagamu ta'a.

o) Akkaataa barbaachisummaa isaatti ashaaraa qubaa kennuuf heyyamamaa kan ta'e,

p) Waldaan hojii gamtaa gurmaa'e maqaa ittiin beekamu yookiin moggaafamu ni qabaata.

8. Ulaagaalee Dabalataa Miseensota Waldaa hojii Gamtaa Ta'anii Galmaa'uuf Barbachiisuu:-

Qajeelfama kana keessa keewwata 7 jalatti ulaagaaleen tarreeffame akkuma eegametti ta'ee, galmaa'aan waldaa hojii gamtaa mana jireenyya kamiyyuu :-

1) **Sagantaa Waldaa hojii Gamtaa Ijaarsa Manneen Jireenyaa Buleeyyiitiin Fayyadamaa Ta'uuf**

a) Armaan dura qaama isaan gurmeesse irraa waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneen ta'ee gurmaa'uu isaa fi qaama seeruma qabachuu isaanii

qaamaan yookiin karaa bakka bu’aa isaatiin dhiyaachuun miseensa waldaa hojii gamtaa mana jireenyaa ta’uu mirkaneeffachuun irra deebi’ee gurmaa’uu fi galmeeffamu qaba.

b) Waldaaleen buleeyyii gurmaa’anii maqaa waldichaatiin maallaqni isaanii baankiitti qabamee jiru tilmaama maallaqaa miseensota tokko tokkon irraa barbaadamuun shallaggii baasii ijaarsaa yeroo ammaa barbaachisu dabalataan yookiin garaagarummaa isaa Baankii Daldalaa Itoophiyaatti herrega cufaa ta’etti galii yoo godhe.

c) Miseensotiin Waldaa buleeyyii kun jiraataa biyya alaa /diyaaspooraa/yoo ta’anqaamaan dhiyaachuun yookiin karaa Ministeera Haajaa Alaatiin nama bakka bu’een qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessutti dhiyaatee yoo galmaa`e.

d) Akkaataa Keewwata 8 (1)(C) tiin qaamni galmaa’e tokko baasii ijaarsa manichaa kara Imbaasii Itoophiyaa ykn karaa ministeera haajaa alaa waliin marii gaggeessuun sirna qusannaa Baankii Daldalli Itoophiyaa mijeessuun shallaggii Sharafa biyya alaa yeroo sanaa wajjin kan walgitan herrega cufaa banki itti yoo galche.

e) Miseensi waldaa hojii gamtaa biyya keessaas ta’ee biyya alaa ulaagaalee armaan olitti barreeffaman mirkaneessuun unka qajeelfama kana wajjin qophaa’e lakk.004 fi 005 yoo dhiyaate.

f) Qotee bulaa fi horsiisee bulaan Magaalaa naannoo isaa jiru keessatti waldaan gurmaa`ee mana jireenyaa ijaarrachuuf fedha qabu, humna maallaqaa ijaarsa mannatiif barbaachisu qabaachuusaa kan mirkkaneessu xalayaa deeggersaa bulchiinsa aanaa, bulchinsa godina fi waajjira qonnaa irraa yoo dhiyeeffate.

2) A**kkaataa Miseensa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Haarawaanittiin Gurmaa’u**

a) Namni waldaa hojii gamtaa haarawaa ijaarsa manneen jireenyaa ta’ee gurmaa’uu

Barbaadu fedhii fi humna maallaqaatiin kan wal fakkaatu ta’ee yoo argame,unkaalee qajeelfama kana wajjin qophaa’an irratti guutee

dhiyaachuun heyyamamaa fi waliin hojjachuuf kan waliigale ta’uu isaa qaama gurmeessu biratti dhiyaatee mirkaneessuun waldaan gurmaa’uu danda’a.

b) Hojjattota manneen hojii adda adda waldaa hojii gamtaa mana jireenyaaf gurmaa’an fayyadamtoota ta’uuf:

(1) Hojjatootiin mana hojii sanii fedhii fi humna maallaqaa walfakkaatu kan qaban ta’uu mirkaneeffachuunun kaalee qajeelfama kana wajjin qophaa’an irratti guutuun qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessu biratti dhiyaatanii gurmaa’uu qabu.

(2) Manneen hojii hojjattoota isaaniitiif mana ijaaruu barbaadan dursanii tarreeffama maqaa hojjattoota isaanii fi kaffaltii duraa yeroo galmee jiraataa biyya keessaaf dhibbentaa 20%herrega cufaa Baankii Daldalaa Itoophiyaatti galii gochuun dhibbentaa30%yeroo lafti isaan harka gahe galii kan godhan ta’uu isaa sanada hogganaa mana hojii saniin mirkana’ee dhiyeeffachuu qabu.

(3) Tokko tokkoon hojjetaaf yookiin miseensa waldichaaf sanada tarreeffama maallaqa manichaaf kaffalamu, gosa mana miseensichi akka ijaaramuuf barbaade, bal’ina lafaa, baay’ina kutaa fi gatii waliigalaa kan qabate akkasumas qaamni hojjechiisu nagahee qarshii 50% ittiin kaffalee fi Ijaarsicha xumuruuf qarshii kaffaltii hafu 50%adeemsaan hanga ijaarsichi xumuramutti galii kan godhu ta’uusaa ragaa ittiin mirkaneesse manni hojii hojjechiisu qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessutti dhiyeessuu qaba.

(4) Qotee bulaa fi horsiisee bulaa bulchiinsa Anaa, bulchiinsaa godinaa fi seektera qonna waliin ta’un human kaffaltii ijaarsaa mana waldaatiif barbachiisuu kaffaluu danda’anii fi waldaan gurma’uf fedhaa qabachuu isaanii addan basee magaalaa isaan itti gurmaa’u barbadanitii xalayyaan deeggarsaa barreeffamae mirka’na ee yoo dhiyyate gurmaa’un galma’u ni danda’u.

D. Gurmaa’insa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Diyaaspooraa Ilaalchisee:

Labsii waldaa hojii gamtaa Federaalaa lakkoofsa**147/1991** keewwata **9(2)** jalatti kan

Ibsame akkuma eegametti ta’ee kaayyoo qajeelfama kanaa rawwachisuuf jecha:

1) Miseensi waldaa hojii gamtaa biyya alaa jiraatu qaamaan dhiyaachuu hin dandeenye yoo ta’e paaspoortii haarofame yookiin ragaa dhalootaan lammii Itiyoophiyaa ta’uu isaa ibsu footo koppii karaa bakka bu’aa isaa waajjira ragaa galmeessuu fi mirkaneessuuf aangoo qabuu fi Ministeera Dhimma Alaatiin mirkanaa’ee dhiyaachuu qaba.
2) Diyaaspooraan kammiyyuu Magaalota Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa buleeyyii yookiin haaraatti gurmaa’uu barbaadu unka 005 fedhii iyyannoo mana jireenyaa ibsu qajeelfama kanatti qabsiifame ofii isaatiin yookiin karaa bakka bu’aa isaa guutee mallatteessuu qaba.
3) Waldaa hojii gamtaa mana jireenyaa tokko keessatti namni tokko bakka bu’aa ta’uu kan danda’u miseensa tokkoof qofa ta’a.
4) Baasii ijaarsa manaaf barbaachisu ilaalchisee kaffaltiin kan rawwatamu sharafa biyya alaatiin ta’ee, diyaaspooran, jalqaba yeroo gurmaa’u baasii barbaachisu keessaa dhibbanta 50% herrega cufaa Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa maqaa waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin banameetti galii ni godha, dhibbanta 50% hafe yeroo lafa ijaarsaa argatu galii gochuun ni xumura. Haalli maallaqa kanaa sharafa biyyaalaatiin herrega cufaa Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa banameetti galii gochuun karaa Imbaasii yookiin Qoonsiilaa fi gama Ministeera dhimma alaatiin kan raawwatu ta’a.
5) Diyaaspoora deebi’ee yoo ta’ee kaffaltiin raawwatuu qarshii Itoophiyaatiin ta’a.

3) **Galmeeffamuu Ilaalchisee**

1) Waldaan hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa Kamiyyuu Barreeffama hundeeffaama fi dambii itti bulmataa qopheeffatee dhiyeeffachuun galmaa'u qaba.
2) Faayidaa hin mallee fi hojii seeraan alaa ittisuuf akka danda'amu tokkoo tokkoon waldaa akkaataa sagantaa galmee bahuun qaama gurmeessutti dhiyaatee galmaa'uu fi miseensota isaas galmeessisuu qaba.
3) Waldaan Hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa tokkoo tokkoon miseensa isaa akkaataa sagantaa kenniinsa ashaaraa bahuun dhiyaatee ashaaraa qubaa akka kennu ni taasisa.
4) Waldaan hojii gamtaa akkaata sagantaa baheen yoo yeroon hin galmoofne fi miseensotii isaa ashaaraa qubaa hin kennisiisne akka hin gurmoofnetti ilaalama.

Kutaa Afur

Gosa Manneenii, Gatii Ijaarsaa fi Baay'ina Miseensotaa Waldaa Hojii Gamtaa

9. Gosa Manneenii Jiraatoota Biyyaa Keessatiif

1) Haandhura giddugala Magaalaatti naannoo sagantaa lafa magaala deebisaanii misoomsuuf qabame irratti manneen ijaaraman maastar pilaanii magaalaa fi misooma naannichaa bu'uura kan godhate gamoo yookiin appaartamantii ni ta'a.
2) Naannoo haaraa magaalli itti babal'ataa jirutti manneen ijaaraman akkaataa pilaaniin iddoo saniif heyyamameen ta'ee maastar pilaanii magaalaa fi pilaanii misooma qe'ee irratti kan hundaa'e ta'a.
3) Bal'inni lafaa giddugalaan miseensa yookiin abbaa manaa tokkoof ta'u kaaremeetiraan:
   a. Mana meeshaa ijaarsaa naannoo irraa argamuun ijaaramuuf magaalotaa sadarkaa 3^{ffaa}**B** hanga 4^{ffaa} **C** jirani kaaremeetira **350 ta'a.**

b. **Viillaaf kaaremeetiran**:-

1) Magaalotaa Sadarkaa **1ffaa fi 2ffaa A** keessatti karee.....**130**

2) Magaalotaa sadarka **2ffaa B** keessatti karee --------.....**160**

3) Magaalotaa sadarka **3ffaaA** keessatti karee.....**180**

c. Mana magaalaaf/town house**G+1** fi **G+2**/kaaremeetira..... **120 ta'a.**

d. **Appaartaamaa** yoo ta'e abbaa kutaa ciisicha tokkoof kaaremeetira **60**,abbaa kutaa ciisichaa lamaaf kaaremeetira **80,** abbaa kutaa ciisicha sadii qabuuf kaaremeetira **100** fi abbaa ciisicha kutaa afuriitiif kaaremeetira **110** ta'a

e. Bali'inaa lafa gamoo waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa tokko irra qubatu karee meetira **120** ta'a.

f. Iddon mana jireenyaa kun iddo tajaajjila waliigala (**common use**) **paarkinigii**,**iddo** da'iimaan ispoortiitif fayyaadaman fi iddoo magaariisuu qabachuu qaba.

4) Qajeelfama Gamoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 3(3)1.1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, magaalota biroo keessattis haala addaatiin akkaataa qabatamaa ramaddii sadarkaa lafa magaalaa manni waldichaa irratti ijaaramuu fi humna namoota waldaan gurmaa'anii giddugaleessa godhatee koreen kantiibaa magaalaa murteessuun manneen waldaalee meeshaalee ijaarsa manaa naannoosan irraa argamuun ijaaramuu ni danda'u.

5) Waldootiin bu'uuraa hojii gamtaa yuuniyeeniitiin gurmaa'angiddugala magaalaatti gamoo appaartaamaa ijaarrachuu nidanda'u.

10. Tilmaama Gatii Ijaarsa Manneenii Jiraatotaa Biyyaa Keessaatiif

1) Haalli ijaarsa manaa appaartaamaa ta'ee, abbaan kutaa ciisicha tokkoo qarshii **150,000.00**, abbaa kutaa ciisicha lamaa qarshii **200,000.00,**abbaan kutaa ciisicha sadii qarshii **250,000.00 fi** abbaan ciisicha afurii qarshii **275,000.00** ta'a.

2) Mana magaalaaf /town house **G+1**/ bal'ina lafaa **$m^2$80** irra kan qubatu qarshii **400,000.00 fi town house G+2 qarshii 700,000.00 ta'a.**
3) Viillaadhaaf bal'ina lafaa **m^2 80** irra kan qubatu qarshii **200,000.00**,
4) Mana meeshaalee ijaarsaa naannoo irraa ijaaramu bal'ina lafaa **m^2 80** irra kan qubatu qarshii **40,000.00**ta'a.
5) Tilmaamni Gatiin ijaarsaa manneenii baasii hojii xumuraa (finishing Cost) hin dabalatu.
6) Baasiin ijaarsaa kun haala gatii gabaa yeroo irratti hundaa'ee dabaluu yookiin hir'achuu ni danda'a.
7) Magaalotaa baay'inni ummata isaanii **10,000** fi Isaa gadi ta'ee labsiin gamoo irratti raawwatinsa hin qabaanne mana kutaa tokkoo yeroodhaaf nama jirachiisuu danda'u kaaree mannichi ittin hojjetam irratti ijaaramuu qabu **m^2 80** keessa **$m^2$20** irratti kan qubate gatiin isaa qarshii **10,000.00** ta'ee dhawaataan ijaaramee kan xumuramuufi hojiileen humna miseensa waldichaa baasii kana keessatti kan shallagamuf ni ta'a.
8) Tilmaamni baasii ijaarsaaf barbaachisu keewwata kana keewwata xiqqaa (1-4) jalatti ibsame yoo ta'ee yyuu waldootiin hojii gamtaa dizaayinii ofii isaanii filatanii dhiyeeffataniin gatiin isaa dabaluun jijjiiramuu ni danda'a.

11. Gosa Manneenii Diyaaspooratiif

1) Haandhura giddugala Magaalaatti naannoo sagantaa lafamagaalaa deebisaanii misoomsuuf qabame irratti manneen ijaaraman maastar pilaanii magaalaa fi misooma naannichaa bu'uura kangodhate gamooyookiin appaartamantii ni ta'a.
2) Naannoo haaraa magaalli itti babal'ataa jirutti manneen ijaaraman akkaataa pilaaniin iddoo saniif heyyamameen ta'ee maastar pilaanii magaalaa fi pilaanii misooma qe'ee irratti kan hundaa'e ta'a.
3) Bal'inni lafaa giddugalaan miseensa yookiin abbaa manaa tokkoof ta'u kaaremeetiraan:
    a) Town house G+1 kaaremeetira 120

b) Town house G+2 kaaremeetira 120 fi
c) kutaaleen mana town house fedhaa miseensaa waldichaa irratti kan hunda'u ta'a.
d) Appaartaamaa Abbaa kutaa ciisichaa lamaaf kaaremeetira **80,** abbaa kutaa ciisicha sadii qabuuf kaaremeetira **100** fi abbaa ciisicha kutaa afuriitiif kaaremeetira **110** ta'a

4) Bali'inaa lafa gamoo waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa tokko irra qubatu karee meetira **120** irratti ta'a
5) Iddon mana jireenyaa kun iddo tajaajjila waliigala (**common use**) **paarkinigii**,**iddo** da'iimaan ispoortiitif fayyaadaman fi iddoo magaariisuu qabachuu qaba.
6) Waldootiin bu'uuraa hojii gamtaa yuuniyeeniitiin gurmaa'angiddugala magaalaatti gamoo appaartaamaa ijaarrachuu nidanda'u.

12. Tilmaama Gatii Ijaarsa Manneenii Diyaaspooratiif

1) Haalli ijaarsa manaa appaartaamaa ta'ee, abbaa kutaa ciisicha lamaa qarshii 400,000.00, abbaan kutaa ciisicha sadii qarshii 550,000.00fi abbaan ciisicha afurii qarshii 700,000.00 ta'a.
2) Mana magaalaaf /town house/' **G+1** fi **G+2** bal'ina lafaa **m^2 80** irra kan qubatu ta`ee qarshii **500,000.00** fi **800,000.00** ta'a.
3) Gatiin ijaarsaa manneenii baasii hojii xumuraa (finishing Cost) hin dabalatu.
4) Baasiin ijaarsaa 1-3tti ibsamekun haala gatii gabaa yeroo irratti hundaa'ee dabaluu yookiin hir'achuu ni danda'a.
5) Tilmaamni baasii ijaarsaaf barbaachisu keewwata kana keewwata xiqqaa (1-4) jalatti kan ibsame yoo ta'eeyyuu waldootiin hojii gamtaa dizaayinii ofii isaanii filatanii dhiyeeffataniin gatiin isaa dabaluun jijjiiramuu ni danda'a.

13..Baayi’ina Miseensota Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa

1) Baay’inni miseensota waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa buleeyyii baayyi’inuma ittin gurmaa’anii qaama seerummaa argatanii turaaniin ta’a.
2) Baay’inni miseensota waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa haaraa gurmaa’anii 12, hanga 24ta’uu ni danda’a.a’u qaba.
3) Lakkofsii miseensa isaanii lakka gutuu (even number) ta’u qaba.

Kutaa Shan

Adeemsa Gurmaa’insaa fi Galmee

13. Adeemsa Gurmaa’insaa

1) Magaalota Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti miseensi ulaagaalee armaan olitti ibsaman guutee fi gosa mana barbaaduu filate qaama waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa akka galmeessuuf aangoon kennameef itti dhiyaatee gurmaa’uun galmaa’uu qaba.
2) Waldaa hojii gamtaa Ijaarsa mana jireenyaa buleeyyii fi haaraatiin gurmaa’ee galmaa’uuf yammuu dhiyaatu unkaalee fedhii manaa fi ragaalee adda addaa ibsan guutuu fi dhiyeessuu dabalatee ulaagaaleen labsii waldaa hojii gamtaa lakkoofsa 147/1991 keewwata 9 jalatti ibsamanii fi kan qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessuun dabalataan gaafataman hunda qindeessee yoo xiqqaate koppii 2 dhiyyeessuu qaba.
3) Qaamni waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa akka galmeessuuf aangoon kennameef waldaa hojii gamtaa galmaa’uuf dhiyaate ulaagaalee galmaa’uuf barbaachisan guutuu isaa erga mirkaneessee booda maqaa waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa gurmaa’een herregni baankii cufaa (block account) akka banamuuf Baankii Daldalaa Itiyoophiyaatiif xalayaa deggarsaa ni barreessa.

4) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa manaa jiraattota magaalichaa herregni baankii cufaa (block account) maqaa isaatiin banamee baasii ijaarsaaf barbaachisu keessaa 20% yeroo gurmaaa'aniifi 30% yeroo lafti qophaa'ee eeyyama ijaarsaa fudhachuudhaaf maqaa miseensota waldaa hojii gamtaa tokkootokkoon herrega baankii cufaa maqaa waldaa hojii gamtaa isaaniin banametti galii gochuun nagahee (slip)ittiin galii godhan qindeessuun akkasumas 50% hafe adeemsa raawwii ijaarsichaa irratti hundaa'ee hanga ijaarsichi xumuramutti kan kaffalan ta'uu ragaa ittiin waadaa galan qaama waldaa hojii gamtaa galmeessuuf ni dhiyeessa .
5) Waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa diyaaspooraa herregni baankii cufaan (block account) maqaa isaatiin banamee baasii ijaarsaaf barbaachisuu keessaa 50% maqaa miseensota waldaa hojii gamtaa tokkoo tokkoon herrega baankii cufaa maqaa waldaa hojii gamtaa isaaniin banametti galii gochuun nagahee (slip)ittiin galii godhan qindeessuun qaama waldaa hojii gamtaa galmeessuuf ni dhiyeessa.
6) Qaamni waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa galmeessu waldaa hojii gamtaa diyaaspooraa galmaa'uuf dhiyaate herrega baankii cufaa maqaa isaatiin banametti baasii ijaarsaaf barbaachisu keessaa 50% galii gochuu isaa baankii daldalaa Itiyoophiyaa irraa mirkaneeffachuun nagahee qarshiin baankiitti ittiin galii godhame footo kooppii isaa maqaa waldaa hojii gamtaa fi tokkoo tokkoon miseensotaa waliin qabsiisuun lafti ijaarsaa akka kennamuuf bu'ura murtee kabbinnee naannootiin heyyamamuun Ejensiin Misoomaa fi Manaajimantii Lafa Magaalaattii xalayaa ni barreessa.
7) Ejensiin Misoomaa fi Manaajimantii Lafa Magaalaa lafa ijaarsa manaaf oolu heyyamaa kabinnee Mootummaa naannoo irratti hunda'un maqaa waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaaf kennuu isaa xalayaan yammuu mirkaneessu qaamni waldaa hojii gamtaa galmeessuus waldaa hojii gamtaa lafti kennameef baasii ijaarsaa 50% haftee herrega baankii cufaa maqaa waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa

banametti maqaa miseensota waldaa hojii gamtaa tokkoo tokkoon galii gochuun 100% akka guutan gochuu fi mirkaneessuun waldaa hojii gamtaa galmeessee sartafikeetii ragaa qaama seerummaa ni kennaaf, hayyamnii ijaarsaa akka kennamuuf xalayaa Shuumii Gamoo Magaalaatti ni barreessa.

8) Lammiilee fi dhalattootiin Itiyoophiyaa biyya alaa ta'anii ulaagaalee qajeelfama kana keewwata 7 fi 8 jalatti ibsaman guutan, gosa mana filachuun waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaatti dhiyaatanii gurmaa'uu ni danda'u. Haalli gurmii isaanii gamaImbaasii yookiin Qoontsiilaa biyya keessa jiraataniin yookiin Ministeera Dhimma Alaatiin haala mijaa'uun dhiyaachuun yookiin karaa nama seeraan bakka bu'een waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatti gurmaa'uu ni danda'u.

14. Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Buleeyyii Jajjabeessuu Yookiin Cimsuu Ilaalchisee

1) Waldaa Hojii Gamtaa ijaarsa mana jireenyaa armaan dura qaama aangoon kennameefiin gurmaa'ee galmaa'ee sartafiketaa qamaa seeruma qabate lafa ijaarsaa otoo hin argatiin ture, ulaagaalee qajeelfama kana keewwata 7 fi 8 irratti ibsaman guutee fi gosa manaa filatee yoo dhiyaate galmaa'ee yeroo laftti kennamu sartafikeetiin ragaa qaama seerummaa ni kennamaaf.
2) Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa manaa buleeyyii gurmaa'anii turan rakkoolee qaban sirreessuun miseensotii isaanii baasii ijaarsaaf barbaachisu haala qajeelfama kana keewwata 7(6) fi keewwata 8(1) (b)ibsameen ofiin of-danda'anii hanqina faayinaansii qaban hiikkachuun irraa eegama.
3) Baay'inni miseensota waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa qajeelfama kana keewwata 13 irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee baay'inni isaanii yoo xiqqaatee argame qaama aangoon waldaa hojii gamtaa gurmeessuu fi galmeessuuf kennameefiin mirkanaa'ee miseensota waldaa hojii gamtaaijaarsa manaa buleeyyii turan biraa waliin walitti makamuu ni danda'u.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsame yoo jiraate iyyuu baayi'inni miseensotaa walitti makamuu kan hin dandeenye yoo ta'e ykn lakkoofsi miseensota hira'atanii xiqqoo yoo ta'e qaamni waldaa hojii gamtaa gurmeessu haala labsii waldaa hojii gamtaa Federaalaa lakkoofsa 147/1991 keewwata 6(3-4) jalatti ibsameen miseensota waldaa hojii gamtaa biroo keessaa bakka buusuu ni danda'a.

15. Sirna Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Haaraa Galmeessuun Ittiin Raawwatu

1) Waldaa Hojii Gamtaa ijaarsa mana jireenyaa haaraa gurmaa'anii galmaa'uuf yammuu dhiyaatan miseensonni gurmaa'an naannoo tokko jiraachuun,mana hojii tokko keessa yookiin mana hojii walitti dhiyaatu tokko keessa waliin hojjechuun kan walbeekanii fi mana jireenyaa waliin ijaarrachuuf fedhiin kan gurmaa'an ta'uu isaanii waliigaltee ibsu barreeffamaan qaama waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa gurmeessuu fi galmeessuuf aangoon kennameefitti dhiyeessuu qabu.
2) Waldaa Hojii Gamtaa ijaarsa mana jireenyaatti gurmaa'uu fi galmaa'uu namni barbaadu kamiyyuu qajeelfama kana kabajuuf dirqama ni qaba.
3) Ijaarsii manaa waldaa hojii gamtaa buleeyii fi haarawaatiin gurmaa'an kan raawwatamu:-
    a) EjensiiIjaarsaa fi Misooma Manaa Naannoo Oromiyaa waliin waliigaltee seeraan mallatteessuun ykn
    b) Dhaabbata ijaarsa gamoo dhuunfaa ykn IMX eeyyama qabu waldaan hojii gamtichaa caalbasiin filatee fi waliigaltee waliin mallatteesseen ta'a
    c) Raawwii ijaarsaa manneen waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa kana hordoffii fi to'annoon **Biiroo Induustrii Fi Misoomaa Magaalaa Oromiyaa** gahee ol'anaa qaba.
4) Waldaan hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa kamiyyuu akka waldaatti beekamtiin ykn ragaan qaama seerumma kan kennamuf

gurma’ee galma’ee kaffaltii dura kaffalee laftii ijaarsaa mana jireenyaa yoo Kennameef qofaadha.

Kutaa Jaha

Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa

16. Gahee Hojii fi Itti Gaafatamummaa Miseensota Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa.

1) Miseensii waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaatti gurmaa’uu fi galmaa’uu namni barbaadu kamiyyuu jalqaba ulaagaalee fi dirqamoota qajeelfama kanakeewwata 7 fi 8jalatti ibsaman guutuu fi kabajuun qaamaan dhiyaachuu qaba. Miseensi diyaaspooraa waldaa hojii gamtaa ta’anii qaamaan dhiyaachuu hin dandeenye bakka bu’aan isaanii qaamaan dhiyaachuu qaba.
2) Qajeelfama kana keessatti haala ibsameen ala dhimmoota gurmaa’uu, galmaa’uu, mana dabarsuu fi kkf ilaalchisee badii yookiin gocha seeraan ala miseensi waldaaa raawwatuuf dhuunfaanis ta’ee waliin itti gaafatamaa ta’u.
3) Miseensi waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa kamiyyuu adeemsa gurmaa’uu fi galmaa’uu keessatti haala qajeelfama kanaatiin ala hojii seeraan ala raawwatamu kamiinuu qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessuu fi galmeessuuf yeroon dhiyeessee tarkaanfiin sirreessaa akka fudhatamu gochuu qaba.
4) Miseensi waldaa hojii gamtaa kamiyyuu haala diizaayinii filateen baasii ijaarsaaf barbaachisu hundumaa haala qajeelfama kana keewwata 7(6) fi keewwata 8 (1)(b)jalatti ibsameen herrega baankii cufaa (block account) Baankii Daldala Itiyoophiyaatti maqaa waldaa hojii gamtaa tiin banametti galii gochuuf ittigaafatamummaa qaba.
5) Miseensonni waldaa hojii gamtaa walgahii waamamu irratti yeroon argamuun marii’achuu,yaada kennuu, filachuu, filatamuu,murtii barbaachisaa waliin murteessuu **dambii ittiin bulmaataa** baafachuun mirkaneessuu,qaboo yaa’ii **barreeffama hundeeffamaa** fi kan biraa mallatteessuu,kaffaltii galmee fi qooda (busii) kaffaluu, sochii hojii

waldaa fi ijaarsa manaa gaggeeffamu dhiyeenyatti bakka ijaarsaatti argamuun hordofuu fi to’achuu, humnaa fi beekumsa deggaruuf dhuunfaanis ta’ee waliin itti gaafatamummaa ni qabu.

6) Ijaarsi manaa yammuu xumuramu iddoo ijaarsaatti qaamaan yookiin bakka bu’aa seera qabeessa ta’een argamuun mana carraan ba’eef fudhachuu qaba.

17. Gahee Hojii Fi Itti gaafatamummaa Waldalee Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaa

1) Miseensonni waldaa hojii gamtaa fedhii fi dandeettii walfakkaataa kan qaban,naannoo tokko jiraachuun yookiin naannoo tokko hojjachuun kan wal beekan ta’uu isaanii mirkaneessuun walitti fidee marisiisuun akka qophaa’an ni godha.
2) Dambii ittiin bulmaataa, karoora hojii,qaboo yaa’ii barreeffama hundeeffama waldaa fi sanadoota adda addaa barbaachisaa ta’an qopheessee ni dhiyeessa.
3) Miseensota waldaa hojii gamtaa bakka bu’uun galmeessisuu irraa jalqabee, herrega baankii cufaa (block account) akka banamu gochuu, gaaffii lafaa fi meeshaalee ijaarsaa nidhiyeessa, ni raawwachiisa.
4) Qaama ijaarsa mana waldaa hojii gamtaa ijaaruuf adda baafachuun Ejensii Ijaarsaa fi Misooma Manneenii yoo ta’e waliigalteedhaan, kontraakteradhuunfaa ykn IMX yoo ta’e caalbaasiin ni filata.
5) Miseensonni baasii ijaarsaa barbaachisu haala qajeelfama kana keewwata 7(6) fi keewwata 8(1)b tiin maqaa waldaa hojii gamtaatiin qaama mana ijaaruuf haala waliigaltee mallattaa’een qulqulleessuun kaffaltii ni raawwata.
6) Ijaarsi manaa haala waliigaltee fi sadarkaa waliigalameen raawwachuu isaa ni hordofa,ni to’ata, ni sirreessa.
7) Ijaarsi manaa xumuramuu isaa Shuumiin Gamoo yeroo mirkaneessuu miseensonni haala carraan isaan qaqqabuun akka fudhatan haala ni mijeessa.hojii itti aanee raawwatamuu qabu ilaalchisee haala qajeelfama qaamni aangoon kennameef baasuu hordofee ni raawwata.

8) Mirgaa fi faayidaa miseensotaa fi waldaa hojii gamtaa kabachiisuuf qaama waldaa hojii gamtaa gurmeessuu fi galmeessu waliin ni hojjata.
9) Ijaarsi manichaa akkaataa waliigaltee waldicha wajjin raawwatameen kan xumurame ta'uu isaa Shuumii Gamootiin yoo mirkanaa'e walharkaa fuudhinsa ni raawwata.
10) Mana ijaarsii isaa xumuramee miseensoota waldichaatiif caaraan ni dabarsa.

18. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Bulchiinsa Magaalaa Sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa

1) Adeemsa dabarsaa fi bulchiinsa mana magaalichaa jalatti Garee waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaatiif caaseefamuun waldaalee hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa ni gurmeessa ni galmeessa.
2) Waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa barbaachisummaa isaa, sirnaa fi adeemsa gurmaa'uu fi galmaa'uu ilaalchisee ragaalee barbaachisaa ta'an hundumaa haala iftoomina qabuun qopheessee dhiyeessuu fi kennuu qaba.
3) Haala adeemsa miseensonni ittiin galmaa'an unkaalee adda addaa,qaboo yaa'ii barreeffama hundeeffamaa,moodeela dambii ittiin bulmaataa,sanadoota biraa barbaachisaa ta'an qopheessuu fi haala ittiin guutamanii dhiyaatan ilaalchisee tajaajilamtootaaf ibsaa fi deggarsa barbaachisan hunda kennuu qaba.
4) Waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa kamiyyuu ulaagaalee galmaa'uuf barbaachisan hundumaa guutee dhiyaate Ejensiin Misoomaa fi Manaajimantii Lafa Magaalaa bu'ura murtoo kabbinnee mootummaa naannoo irraa heyyemameen lafa ramaddi irra maqaa waldaa hojii gamtaa ijaarsamana jireenyaatiin kennuufii isaa mirkaneessuun galmeessee sartafikeettii ragaa qaama seerummaa ni kenna.

5) Laftii qophaa’ee bayyinaa waldoottii uulagaa guutanii dhiyaataanif kan waal hin-geenyee yoo ta’ee iddoo koreen waldootii argamanitii caaraan akka bu’uuf ni tasifama.
6) Unkaaleen waldaa hojii gamtaatiin guutamanii dhiyaatanii fi sanadoota adda addaa maqaa waldaa hojii gamtaatiin faayila banuun seeraan qindeessee ni qabata.
7) Waldootiin hojii gamtaa ijaarsa manaa haal-duree fi ulaagaalee barbaachisan guutanii yammuu dhiyaatan qaamota dhimmi ilaaluuf xalayaa deggarsaa ni barreessa.
8) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa seeraan galmaa’uu isaanii kan mirkaneessu sartafikeettii ragaa qaama seerummaa (certificate of registration)ni qopheessa.
9) Sababa adda addaatiin miseensi waldaa yoo gadhiise yookiin miseensummaa irraa haqame dhimma isaa qulqulleessuun ni mirkaneessa.
10) Manneen karaa mana hojiitiin ijaaraman yammuu xumuraman miseensota galmaa’aniif qaqqabuu isaa mana hojii waliin ta’uun ni mirkaneessa.
11) Waldootiin hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa gurmaa’anii galmaa’an hojii yammuu jalqaban baasii fi galii isaanii ilaalchisee herrega seeraan akka galmeessanii qabatan nihordofa, yeroo barbaachisaa ta’us herrega isaanii odiitera eeyyama qabuun qorachiisee gabaasni isaa akka dhiyaatu ni taasisa.
12) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa gurmaa’anii turan sababa adda addaatiin yoo diigame maallaqni herrega baankii cufaa (block account) keessatti qabamee jiru miseensotaaf akka deebi’u yaa’ii waliigalaa waldichaatiin murtaa’ee qaboo yaa’iin qabamee gaaffiin yammuu dhiyaatu bu’uura seeraatiin ta’uu isaa qulqulleessee murtii ni kenna.
13) Hojii fi itti gaafatamummaa adda addaa labsii, dambii fi qajeelfama irratti ibsame ni raawwata.

19. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaa Godinaa

1) Adeemsa dabarsaa fi bulchiinsa mana waajjirichaa jalatti garee waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaatiif hunda'un waldaalee hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa magaalota sadarkaa 3ffaa fi 4ffaani gurmeessa ni galmeessa.
2) Jiraattota magaalaa sadarkaa3ffaa fi 4ffaa ta'anii waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin gurmaa'uu barbaadan akkaataa ulaagaa qajeelfama keessatti taa'een ragaalee barbaachisaan qindaa'ee mallattoo kantiibaatiin mirkanaa'ee akka dhiyaatuuf ni taasisa.
3) Waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa barbaachisummaa isaa, sirnaa fi adeemsa gurmaa'uu fi galmaa'uu ilaalchisee ragaalee barbaachisaa ta'an hundumaa haala iftoomina qabuun qopheessee dhiyeessuu fi kennuu qaba.
4) Haala adeemsa miseensonni ittiin galmaa'an unkaalee adda addaa, qaboo yaa'ii barreeffama hundeeffamaa, moodeela dambii ittiin bulmaataa, sanadoota biraa barbaachisaa ta'an qopheessuu fi haala ittiin guutamanii dhiyaatan ilaalchisee tajaajilamtootaaf ibsaa fi deggarsa barbaachisan hunda kennuu qaba.
5) Waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa kamiyyuu ulaagaalee galmaa'uuf barbaachisan hundumaa guutee dhiyaate Ejensiin Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa laftii ramaddii kabbinee mootummaa naannoo irra bu'ura heyyamamuu maqaa waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatiin kennuufii isaa mirkaneessuun galmeessee sartafikeettii ragaa qaama seerummaa ni kenna.
6) Unkaaleen waldaa hojii gamtaatiin guutamanii dhiyaatanii fi sanadoota adda addaa maqaa waldaa hojii gamtaatiin faayila banuun seeraan qindeessee ni qabata.
7) Waldootiin hojii gamtaa ijaarsa manaa haal-duree fi ulaagaalee barbaachisan guutanii yammuu dhiyaatan qaamota dhimmi ilaaluuf xalayaa deggarsaa ni barreessa.

8) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa seeraan galmaa'uu isaanii kan mirkaneessu sartafikeettii ragaa qaama seerummaa (certificate of registration) ni qopheessa.
9) Sababa adda addaatiin miseensi waldaa yoo gadhiise yookiin miseensummaa irraa haqame dhimma isaa qulqulleessuun ni mirkaneessa.
10) Manneen karaa mana hojiitiin ijaaraman yammuu xumuraman miseensota galmaa'aniif qaqqabuu isaa mana hojii waliin ta'uun ni mirkaneessa.
11) Waldootiin hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa gurmaa'anii galmaa'an hojii yammuu jalqaban baasii fi galii isaanii ilaalchisee herrega seeraan akka galmeessanii qabatan ni hordofa, yeroo barbaachisaa ta'us herrega isaanii odiitera eeyyama qabuun qorachiisee gabaasni isaa akka dhiyaatu ni taasisa.
12) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa gurmaa'anii turan sababa adda addaatiin yoo diigame maallaqni herrega baankii cufaa (block account) keessatti qabamee jiru miseensotaaf akka deebi'u yaa'ii waliigalaa waldichaatiin murtaa'ee qaboo yaa'iin qabamee gaaffiin yammuu dhiyaatu bu'uura seeraatiin ta'uu isaa qulqulleessee murtii ni kenna.
13) Hojii fi itti gaafatamummaa adda addaa labsii, dambii fi qajeelfama waldaa hojii gamtaa irratti ibsame ni raawwata.

20. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Manneen Hojii Hojjetootni Isaanii Waldaadhaan Gurmaa'anii

1) Hojjeetotni mana hojii isaanii mana jireenyaa hin qabneef karaa Waajjiraatiin waldaan gurmaa'anii akka fayyaadamaa ta'an haala ni mijeessa.
2) Manni hojichaa koree waldichaa waliin ta'uun tarreeffama maqaa hojjettoota isaanii qopheessuu fi baasii ijaarsa manneeniif barbaachisu guutummaa guutuutti Baankii Daldalaa Itiyoophiyaatti galchuun, qaama waldicha gurmmeessu biratti dhihaachuun waldicha ni

galmeessisa,qaama manicha ijaaruuf waliigaltee raawwate ni beeksiisa.

3) Ijaarsi manneenii yeroo xumuramu haala qajeelfama kanaa keewwata 17(7) fi keewwata 18(7)tiin qaama waldaa hojii gamtaa gurmmeessee fi miseensa koree waldichaa waliin ta’uun qaama ijaarsa raawwate irraa wal harkaa fuudhinsa raawwachuun baasii bahe tilmaama keessa galchuudhaan akkaataa ahaadii waliigaltee deebii maallaqaatiin miseensa waldichaatiif carraan ni qooda.
4) Miseensotiin waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa baasiin ijaarsa manaa mana hojii isaaniitiin kaffalameefii sababa adda addaatiin miseenssummaan isaanii yoo addaan cite bu’uura labsii 147/1991tiin manni hoji miseensichaa yookiin bakka bu’aan isaa qaama waldaa hojii gamtaa gurmmeesse waliin mari’achuun miseensi biraa akka bakka bu’uu ni taasiisa.

21. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Ejensii Misoomaa fi Manajimentii Lafaa Magaalaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiru.

1) Lafa rammadii waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyatiif oluu fedhii jiruu irratti hunda’ee yeroon qopheessee Murtee Kabbinee Mootummaa Naannootiif ni dhiyeessa.

2) Waldaalee hojii gamtaa ijaarsa manaa gurmaa’anii galmaa’aniif qaama gurmmeesse irraa gaaffiin yeroo dhiyaatuuf lafa ramaddi mana jireenyaatiif kabbinnee naannoo irra heyyamamee qoophaa’e irraa guyyaa hojii 10 keessatti bu’uura Qajeelfama Liizii lakk. 9/2005 keewwata 31/4 tiin lafa ni kennaaf,sanada qabiyyee lafaa fi maqaa waldichaatiin qopheesse kennuun qaama gurmmeesse ni beeksiisa.
3) Lafti waldichaaf kan kennamu bu’uura Qajeelfama Liizii lakk.9/2005 keewwata 34/1 tiin gatii ka’umsa liizii fi magaalotaa kiraan bulan gatii kiraatiin ta’a.

4) Laftii qophaa’ee bayyinaa waldoottii uulagaa guutanii dhiyaataanif kan waal hin-geenyee yoo ta’ee iddoo koreen waldootii argamanitii caaraan akka kennamuf ni tasifama.
5) Lafti waldaa mana jireenyaatiif kennamu bu’uura misoomaa kan guuttatee fi iddoo mana jireenyaaf mijataa ta’uu qaba.
6) Waldaalee hojii gamtaa fi yuniiyenoota waldaa fedhii fi dandeettii qabaniif gidduu magaalaatti lafa deebisaanii misoomsuuf karooran qabamee keessaa ni kennaaf.
7) Ijaarsi mana jireenyaa waldaalee hojii gamtaa akkaataa pilaanii eeyyamameetiin ijaaramee xumuramuu isaa akkaataa keewwata 21(7)tiin xumuramun isa shumii gamootiin yoo mirkanaa’e kaartaa abbaa qabeenyummaa maqaa waldichaatiin jiru maqaa miseensa tokkoo tokkoon qopheessee ni kenna.
8) Ragaa waldaalee hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa lafti kennameef qindeessee ni qabata.

22. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Shuumii Gamoo Magaalaa fi Godina.

1) Waldaaleen ijaarsa manneenii lafti eeyyamameef bu’uura pilaanii sadarkaa ijaarsaa eeguun akka ijaaran ragaa pilaanii waliigaltee ni kenna.
2) Waldaaleen ijaarsa manneenii pilaanii waliigaltee kennameef, caasaa pilaanii misooma magaalaa akkasumas dizayinii seeraa sadarkaan ijaarsaa barbaaduun guuttatee yoo dhihaate, bu’uura seera dizaayinii guutamee dhihaateen xiinxalee mirkanneessuun,hayyama ijaarsaa ni kenna, ijaarsii isaas haala hayyamameen gaggeeffamaa jiraachuu isaa ni hordofa, ni too’ata, ni sirreessa.
3) Waldaaleen ijaarsa manneenii gaaffii fooyya’insaa fi haaroomsa ijaarsaa yoo gaafatan bu’uura seeraa qabaachuu isaa xiinxaluun eeyyamani kenna.
4) Ragaalee waldaalee eeyyamni ijaarsa manneenii kennameef seeraan qindeessee ni qabata.

5) Sadarka ijaarsaa manneen waldaalee irra gahan ilaaluun qarshii herrega baankii cufaa (block account) baankii keessa jiru akka gadi lakkifamuuf guyyaa hojii 5 keessatti qaama waldaa gurmeesseef xalayaa nibarreessa.
6) Waldaaleen hojii gamtaa lafa fudhatanii fi hayyama ijaarsaa argatan akkaataa labsii gamootiin waliigaltee galaniin,ijaarsa jalqabuu fi xumuruu isaanii ni too'ata.
7) Ijaarsi manaa waldaa hojii gamtaa akkaataa waliigalteetiin xumuramuu isaa mirkaneessuun kaartaa fi pilaaniin miseensota waldichaaf dhuunfaan hojjatamee akka kennamuuf xalayaa Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaaf ni barreessa.
8) Ijaarsi manichaa istaandaardii fi dizaayinii taa'eef irratti hundaa'ee xumuramuu isaa ni mirkaneessa, walharkaa fuudhinsi akka godhamu waldichaaf xalayaa ni barreessa.

23. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa

1) Waldaaleen hojii gamtaa ijaarsa manneenii qaamni waldaa gurmeesse herregni cufaan akka banamuuf yoo xalayaan gaafatu, herrega bankii cufaa (block account) ni bana.
2) Waldaaleen hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa akka waliigaltee qaama ijaarsa manneen isaanii gaggeessuf waliinwaliigaltee galaniin qarshiin akka kaffalamuuf qaama gurmmeesse xalayaan yeroo gaaftu,qaamni gurmmeesses sadarkaa ijaarsi irra jiru fi kaffaltii gaafatame wajjin kan walgitu ta'uu isaa xalayaatiin Shuumii Gamoo ni gaafata. Shumiin Gamoo akka kaffalamuuf yoo hayyame, xalayaa qaama gurmeesseef nibarreessa. Qaamni gurmeesses xalayaa baankiif barreessuun akka kaffalamu ni godha. Xalayaa ergameef irratti hundaa'uun baankiin kaffaltii raawwata.
3) Waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneenii diyaaspooraa ta'an karaa Ministeera Dhimma alaatii fi Imbaasii Itiyoophiyaatiin wal ta'uun qarshii kaa'uu, erguu akkasumas hojii ijaarsaatiif akka soochoosuun

danda’amu dameen Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa biyya keessatti haala ni mijeessa.

4) Waldaalee hojii gamtaa ijaarsa manneeniin gurma’anii sababa adda addaatiin waldaan isaanii diigamee qarshiin isaanii herrega baankii cufaa (block account) galchan akka isaaniif kaffalamu yoo gaafatan yookiin miseensonni yoo bakka wal buusan gaaffii qaama gurmeessuuf dhiyaatuun qulqullaa’ee qaamni gurmmeessu yoo gaaffii baankiif dhiheesse, haala hojimaata baankichaatiin herregicha baankii cufaan (block account) jiru miseensoota yookiin waldaaleef akka deebi’u ni taasisa.
5) Baankiin miseensonnii waldaalee hojii gamtaa jiraattota biyya keessaa ijaarsa manneen jireenyaa adda addaa baasii ijaarsaaf ta’u 50%maqaa tokkoo tokkoo isaaniin galii ta’uu isaa mirkaneessuun maqaa waldichaatiin herrega cufaatti galii godhee qaama gurmeesseef xalayaan ni beeksisa.
6) Baankiin miseensonni waldaalee hojii gamtaa diyaaspooraa ijaarsa manneen jireenyaa adda addaa baasii ijaarsaaf ta’u 100%maqaa tokkoo tokkoo isaaniin galii ta’uu isaa mirkaneessuun maqaa waldichaatiin herrega cufaatti galii godhee qaama gurmeesseef xalayaan ni beeksisa.

24. Gahee Hojii Fi Itti Gaafatamummaa Ministeera Hajaa Alaa Fedeeraalaa

1) Gucaalee fi Odeeffannoo waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa tiif qophaa’ee yeroon misiyyoonotaaf akka darbuu ni tasisaa.
2) Ulaagaalee miseensaa waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaatiif barbachisu hunda kara misiyyoonaatiin diyaaspoora akka qaqabuuf hubannoon akka kennamu ni tasisaa.
3) waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa tiif gosa mannenii fi bal’ina iddo, bayyina kuttaalee fi gatii ka’umsaa ijaarsa manneenii akka beekan gochuun filannoo isaanis akka addan bafatan ni tasiisa.

4) Kaffalti gatii ijaarsa manaatiif barbaachisuu sharafa biyya keessa jiraataniin Baankii Daldala Itoophiyaatti heeregaa cufaa banamutti akka galchaan ni taasisa.
5) Diyaaspooraa karaa misiyyoonatiin ulaagaa gutee ergame qulqullesee magaalaa naannichaa isaan barbadanittii waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaatiin bu'uraa bakka bu'isii kennametiin gurmeesse xalayya gaggeessituu waliin Biiroo Induustirii Fi Misoomaa Magaalaa Oromiyaatti ni erga.

25. Gahee Hojii fi Ittigaafatamummaa Qaama Ijaarsa Manneen Jireenyaa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaaruu

1) Bu'uura qajeelfama kanaatiin waldaalee hojii gamtaa ijaarsa manneeniitiin gurmaa'an waliin ahaadii ijaarsaa ni raawwata.
2) Qarshii herrega cufaa keessa jiru hojii ijaarsaa jalqbuuf kan isa barbaachiisuu fi qarshiin hafe sadarkaa ijaarsa manneenii sadarkaa sadarkaan akka gadhifamuuf ni gaafata.
3) Akkaataa ijaarsa manneen waldaalee kanaa ijaaruuf waliigaltee raawwate, ijaarsicha dizaayinii fi istandaardii taa'een qulqullinaa fi yeroo jedhame keessatti raawachuuf dirqama ni qaba.
4) Ijaarsi manichaa akkaataa waliigaltee,istandaardii fi dizaayinii taa'een xumuramuu isaa Shuumiin Gamoo yoo mirkaneesse waldicha wajjin walharkaa fuudhinsa ni raawwata.

26. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Biiroo Industirii fi Misooma Magaala Oromiyaa

1) Waldaalee hojii gamtaa ijaarsaa manneen jireenyaa deggaruuf moodeela, qajeelfamoota, **barreeffama hundeffamaa** fi **dambii ittiin bulmaataa** fi **maanuwaalii** hojiini qopheessa.
2) Dizaayinii sadarkaa isaa eeggate fi topology gamoo ijaaramuu akkasumas timamaa ijaarsaa (cost estimation)ni qopheessa, waldaaleen hojii gamtaa ijaarsa manneenii dizaayinii filatanii qopheeffatanii yoo dhiiheeffatan pilaanii magaalaaa wajjin kan wal

simu ta'uu ilaalee ni mirkaneessa, hojimaata ittin hordofamu ni diriirsa, leenjii fi hubannoo ni kenna, raawwii isaanii ni madaala.

3) Lafa rammadiin waldaa mana jireenyaatiif kennamuu yeroon akka qophaa’ee kabbinee naannootiin murta’uu deggarsaa ni kenna.
4) Caasaa fi gurmaa’insa hojiilee waldaa hojii gamataa ijaarsa manneenii ittiin raawwatu qoratee ni diriirsa, akka hojii irra oolu ni taasisa, ni hordofa, ni too’ata, ni sirreessa.
5) Kontiraktaroota ijaarsa waldaalee manneeni irratii hirmataniif akka gurmaa’an nigodha leenjii ijaarsa dandeettiifi oguummaa akka argatan deggarsa ni taasiisa.
6) Qooda fudhatootni adda addaa qindoominaa fi walitti hidhamiinsa uumuun ijaarsa mana jireenyaa waldaalee hojii gamtaaf dhiiheessiin bu’uuraalee misoomaa fi galteewwanii akka guutu hordoffii fi deggarsa ni godha, haala ni mijeesssa.
7) Ragaalee waldaalee ijaarsa hojii gamtaa gurmaa’anii galmaa’an qindeessee ni qabata.
8) Waraqaa ragaa qaama seerrummaa fi galmee haadhoo waldaaleen irratti galmaa’an baasii Magaalotaa fi Godinaaleetiin ni maxxansiisa, ni kenna.
9) Hojjettoota mootummaa naannoo Oromiyaa sadarkaa naannoo irra jiranii fi waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaatti gurmaa’uu barbaadan ni gurmeessa, ni galmeessaa raga qaama seerumaa ni keenna.
10) Akkata fedha hojjatootattiin Magaalota isaan barbadan keessatti lafa ijaarsa mana akka argatan xalayya deggarsa ni barreessa ni hordofa, ni deggara.
11) Diyaaspoora kara mimisteera haajaa alaa irra ragaa gutuu dhiyeefatan qulqulleessee magaalaa isaan barbadaniitii deemanii akka gurma’anii xalyyaa deggarsa ni barreessa, raawwii isaa ni hordofa, ni deeggara ni to’ata.

12) Ijaarsa mana waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa kamiyyuu raawwii isaa ni hordofa ni to’ata, ni sirreessa.

13) Gurmaa’isaa fi galmeeffama waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaa raawwii fi komii jiru guyyaa guyyaan caasaa magaalotaa fi godina waajjin qindominan ni deggara ni hordofa, ni to’ata ni sirreessa.

14) Diyaaspoora waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaatiin akka gurmeessuuf Ministeera dhimmaa alaa feederalatiif bakka bu’iinsaa ni kenna.

Kutaa Torba

Tumaalee Adda Addaa

27. Murteewwan Itti Fayyadamummaa DursaaArgachiisu

1) Waldaaleen hojii gamtaa ijaarsa manneeniif bu’uura qajeelfama kanaatiin ulaagaalee barbaachisan guuttatanii yoo galmaa’an ramaddii iddoofi deggarsa adeemsa hojii ijaarsaaf godhamu ni argatu.
2) Tajaajjilli waldaalee hojii gamtaa mana jireenyaaf godhamu kan murtaa’u lafa qophaa’e irratti hundaa’uun carraadhaan ta’a.
3) Dubartoonni30% dursa fayyadamtoota ta’u.
4) Hojjatootni mootummaa 20%dursa fayyadamtoota ta’u.
5) Qotee bultootaa fi horsiisee bultootiin deggarsa dursa argatu.

28. Dhorkaa

1) Qaama waldaa gurmeessuuf angoon kennameefiin ala namni kamiyyuu waldaa hojii gamtaa ijaarsa manneen jirreenyaa gurmeessuu fi galmeessun dhorkaadha.
2) Miseensi waldaa hojii gamtaa ijaarsa manaa tokko maqaa isaanis ta’ee maqaa haadha manaatiin, miseensummaan waldaa tokkoool galmaa’uun dhorkaadha.
3) Fayyadamaan sagantaa misooma manneen mootumaa waldaan gurmaa’uu hin danda’u.

4) Bu’uura labsii 147/1991 keewwata 13(1)kan ibsamee akkuma jirutti ta’ee, namni umriin isaa waggaa 18 gadi ta’e, maqaa isaatinis ta’ee maqaa guddiisaa isaatiin waldaalee ijaarsa manaatiif gurmaa’uu fi galmaa’uun dhorkaadha.
5) Maqaa isaa fi haadha warraa tiin mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaa itti ijaaramu yoo qabaate fi kanaan dura sagantaa misooma manneenii kamiyyuu irratti fayyadamaa yoo ta’e ykn qaamaa sadafaatti gurgurtaan dabarsee waldaalee ijaarsa manneenii kamiyyuu keessatti gurmaa’uu fi galmaa’uun dhorkaadha

29.Qaama Komiin Itti Dhiyaatu

Murtii gurmaa’ins fi haala galmee ilaalchisee qaama gurmeessuufi galmeessu irratti komiin dhiyaatu barreeffamaan guyyaa10 keessatti qaama waldaa gurmeesse sanatti dhiyaachuu qaba.

Murtii qaamni gurmeesse kenne irraatti itti quufinsa qaamni dhabe; Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaa yookiin caasaalee jiraniitiin/waajjira industirii fi misooma magaala godinaa/bulchiinsa magaalaatiin koree komii hundaa’etti dhiyaatee murtiin dhumaa guyyaa 15 keessatti kennamuun qaama komate xalayaatiin ni beeksifama.

30. Dirqama Deggarsa Kennuu:

Qaamni kamiyyuu raawwii qajeelfama kanaatiif deggarsa kennuuf dirqamani qaba.

31. Adabbii:-

Galmaa’aan kamiyyuu qajeelfama kana keessatti dhimmoota tarreeffaman cabsuun kan galmaa’ee, galmaa’uuf kan yaale, kan dogoggorsiise, adeemsa galmee kan jeeqe seerri yakkaa kanirratti raawwatamu yookiin irra caalaatti kan adabsiisu ta’uun isaa akka eggameetti ta’ee,

1) Ragaalee dogoggoraa umuu, ragaa karaa dogoggoraatti jijjiiruu yookiin balleessuu, waraqaa enyuummaa yookiin chaappaa seera qabeessa ta’e karaa seeraa alaatiin ittii fayyadamuu /hojjechuuf/ galmaa’ee yoo argame seera yakkaa biyyattii yakkamaan ittiin adabamu itti gaaffatama.
2) Haala qajelfama kanaan ibsameen ala galmaa’uuf ofii isaaf ta’ee haadha warraa mana jireenyaa yookiin lafa mana jireenyaaf ta’u yookiin kanaan dura fudhatee kan gurgure yookiin kennaadhaan qaama sadaffaaf kan dabarse yookiin kanaan dura carraan manneen kondominiyamii tiin fayyadamaa kan ta’ee fi sagantaa misooma manneeniin al-tokkoo ol kan galmaa’e yoo ta’e haala qajeelfama kanaan seeraan ala sooramuuf ofii isaaf yookiin namoota biroof akka argamsiisuuf yaaduu yookiin malaamaltummaadhaan yookiin gowwoomsuun qaamni ragaalee kennee kamiyyuu seera jirun itti gaffatama.
3) Bu’uura seera yakkaatiin dhimmoota hojii mootummaa wajjin wal-qabatuuf mattaa’aa kennuun dirqama seera galmeessisuu cabsuu fi hojii mootummaa gufachiisuun namni deggarsa taasiise, dirqama kana kan cabse kamiyyuu seera yakkaatiin itti gaffatama.
4) Galmaa’aan seerri inni cabse salphaa yoo ta’e manneen hojii mootummaa keessatti dambii cabsuun kan ibsame bu’uura yakkoota seera cabsuu himatamee akka adabaman taasifama.
5) Itti gaaftamaa yookiin hojjetaan mootummaa dhorkaa, dirqamaa fi itti gaafatamummaa qajeelfama kana keessatti tumame yoo bahuu baate bu’uura labsii fi dambii hojjetoota mootummaa naannoo Oromiyaatiin naamusaan ni adabama.
6) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu bu’uura seera yakkaa haalawwan isaan adabsiisaniin alatti gochaawwan sirrii (dhugaa) hin taane raawwachuuf taayitaa isaa seeraan ala yoo ittii fayyadame bu’uura seera yakkaa darbuun himatni ittii banama.

7) Hojjetaan mootummaa hojii mootummaa irratti badii uumaniif bu’uura seera yakkaa addattii seeraan ala kan galmeesse yoo ta’e, akkasumas hojjetaan galmeessuu, hojimaata galmee cabsuun ragaalee irratti badii uume bu’uura seera yakkaan himatni itti banamee akka adabamu tasifama.

32. Qajeelfamoota Hojii Irra Oluu Hin Dandeenye

Qajeelfamnii fi hojimaatni qajeelfama kanaan wal-faallessa dhiimmoot qajeelfama kanaan hammataman irratti raawatiinsa hin qabaatan.

33. Aangoo Qajeelfamicha Fooyyeessuu

Biiroon Induustirii Fi Misoomaa Magaalaa Oromiyaa akkaataa baarbaachisummaa isaatiin qajeelfama kana fooyyeessuu ni danda’a.

34. Guyyaa Qajeelfammichi Hoji irra Oolu

Qajeelfamni kun guyyaa Hogganaa Biirootiin mallataahee bahe irraa eegalee hoji irra kan oolu ta’a

Abdulqaadiir Huseen
Sadarkaa I/A Pireziidaantiitti
Ogganaa Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaa

Unkaa 004

Guyyaaa____/___/____

Suura

Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatii

Bulchiinsaa magaalaa/Waajjira Godina

Guca Iyyata Miseensummaa Waldaa Hojii Gamtaa ijaarsa Mana Jireenyaa Ijaaruuf Qophaa'e

1. Maqaa waldaa hojii gamtaa: _____ waldaa hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e
2. Haala iyyataa:
   2.1. Maqaa iyyataa _____ abbaa _____ akaakayyuu _____ Saala _____ Umrii _____ Sabummaa _____
   2.2. Maqaa haadhaa _____ Maqaa abbaa haadhaa_____ Maqaa akaakayyuu haadhaa _____
   2.3. Haala gaa'elaa:

- Kan fuudhe/heerumte ☐
- Kan hike/te ☐
- Kan hin fuune/ hin heerumne ☐
- Kan du'aan adda bahe/te ☐

   2.4. Kan fuudhe/heerumte yoo ta'e, maqaa haadha manaa ykn abbaa manaa hanga akaakayyuutti _____
   2.5. Bakka jireenya iyyataa:

- Naannoo _____ Magaala _____

- Godina/kutaa magaalaa _____ Aanaa_____
- Ganda _____ Lakk. Manaa_____
- Lakk. Bilbila manaa _____ Lakk. Mobaayilii_____
- Lakk.waraqaa eenyummaa/paaspoortii/gandaa/waajjiraa _____

3. Haala Hojii fi Galii:
   3.1. Haala Hojii
   - Qaxaramaa mootummaa ☐ Qaxaramaa ☐ hiti mootummaa/dhuunfaa
   - Hojii dhuunfaa ☐

   3.2. Bakka hojii:
   - Maqaa mana hojii _____ Naannoo itti argamu _____
   - Godina _____ Magaala _____ Aanaa _____
   - Lakk. Bilbila mana hojichaa _____ Lakk. Poostaa _____

   3.3. Galii ji'aa iyyataa (qarshiin) _____
   3.4. Galii ji'aa haadha manaa ykn abbaa manaa iyyataa (qarshiin) _____

4. Gosa manaa fi baay'ina kutaa barbaadan
   4.1. Gamoo waliinii yoo ta'e:

   - Abbaa ciisa tokkoo ☐
   - Abbaa ciisa sadii ☐
   - Abbaa ciisa lamaa ☐
   - Abbaa ciisa afurii ☐

   4.2. Mana magaalaa/town house/ abbaa darbii tokkoo ☐ abbaa darbii lama

4.3. Viillaa☐

4.4. Mana meeshaa naannoo irraa ijaaramu☐

5. Haala itti waldaa hojii gamtaatiin ijaaraman:

- Naannoo jireenyaa☐
- Mana hojiidhaan☐
- Fedhii walfakkaatu kan biroon☐

6. Mana hojiidhaan kan gurmaa’e yoo ta’e, haala baasiin manichaa itti uwwifamu
   - Guutummaa guututti dhaabbatichaan kan uwwifamu☐
   - Gartokkeen dhaabbatichaan kan uwwifamu☐
   - Kan biroo yoo jiraate _____

7. Haala mana keessa jiraatuu/ttuu:

- Mana gandaa
- Manneen kiraa
- Nama biraa waliin walitti galuun
- Nama biraatti maxxanuun
- Dhuunfaa irraa kireffachuun
- Kan biraa

8. Ani iyyataan maqaan koo kanaa olitti ibsame:
   8.1. Kana dura sagantaa misooma manaa mootummaan diriire kamiyyuu keessatti kan hin galmoofne ta’uu koo,
   8.2. Magaalan keessatti gurmaa’u keessaa maqaa kootiinis ta’e maqaa haadha manaa koo/abbaa manaa kootiin kan galmeeffame mana jireenyaa yookiin bakka ijaarsa manaa kan hin qabnee fi kana duras kanin qabu gurgurtaan yookiin kennaan qaama sadaffaatti kanin hin dabarsine fi sagantaa miisooma manaa keessattis mana fudhee fayyadamaa kanin hin taane ta’uu koo,
   8.3. Galmeedhaaf gahaa kan nataasisu gatii ijaarsa manichaa keessaa dhibbeentaa 30% yeroon gurmaa’uu, kan hafe dhibbeentaa 20% immoo waldichi yeroo lafa argatu lakk. Herrega Baankii cufaatti kanan galchu ta’uu koo,
   8.4. Magaalicha keessa waggoottan waliiti aanan lamaaf kanan jiraachaa jiru/hojjechaa jiru ta’uu koo,
   8.5. Hojjetaa mootummaa dhaabbataa ta’uu koo,
   8.6. Manan fudhadhu keessa akkaataa seera gamoo waliiniin buluuf eeyyamamaa ta’uu koo,
   8.7. Anis ta’e haati manaa/abbaan manaa koo kan jiraachaa jirru mana mootummaa keessa yoo ta’e manicha qaama manicha bulchutti ergan manicha fudhee guyyoota 30 keessatti deebisee harkaan gahuu/kennuudhaaf eeyyamamaa ta’uu koo,
   8.8. Guca iyyannoo kana irratti kanan guute kamiyyuu soba ta’ee yoo argame osoo minichi hin ijaaramiin dura yoo ta’e waliigalteen kan diigamu ta’uu, fi manicha ergan fudhadhee booda yoo ta’e immoo seeraan gaafatamuudhaaf kanan walii gale ta’uu,
   8.9. Ragaalee fuulduratti gaafataman fakeenyaaaf ashaaraa qubaa fi kan biro kennuuf eeyyamamaa ta’uu koo, akkasumas
   8.10. Lakkoofsa 1 jalatti maqaa waldaa hojii gamtaa mana jireenyaa ibsameen miseensota waldichaa wajjin fedhiin gurmaa’uu fi

mana jireenyaa ijaarrachuuf haal-duree fi ulaagaalee barbaachisaa akkaataa labsii fi qajeelfama taa'een kanan guute waanan ta'eef waldichi miseensummaadhaan akka na simatu fi ragaan kanaa olitti guute soba ta'ee yoo argame seeraan gaafatamaa akkan ta'u waliigaluun guca kana kanan guute ta'uu koo mallattookootiin nan mirkaneessa.

Maqaa guutuu miseensa waldichaa_____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Unka 005

Guyyaa ___/___/___

Suura

Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatii

Bulchiinsaa magaalaa/Waajjira Godina

Guca Iyyata miseensummaa Diyaaspooraa Waldaa Hojii Gamtaa Ijaarsa Mana Jireenyaatiin Gurmeessuuf Qophaa'e.

1. Maqaa waldaa hojii gamtaa _____ waldaa hojii gamtaa mana jireenyaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e
2. Haala iyyaaa:

2.1 Maqaa Iyyataa _____ abbaa _____

akaakayyuu _____ Saala _____ Umrii _____

Sabummaa _____ Lammummaa _____ Lakk. Paaspoortii _____

2.1. Maqaa haadhaa _____ Maqaa abbaa haadhaa_____ Maqaa akaakayyuu haadhaa _____

2.2. Bakka jireenyaa:

2.2.1. Biyya _____

2.2.2. Magaala _____

2.3. Haala gaa'elaa:

- Kan fuudhe/heerumte
- Kan hike/te
- Kan hin fuune/heerumne
- Kan du'aan addaa bahe/te

2.4. Kan fuudhe/heerumte yoo ta'e, maqaa haadha manaa ykn abbaa manaa hanga akaakayyuutti _____

3. Gosa manaa fi baay'ina kutaa barbaadanii,

3.1. Gamoo waliinii yoo ta'e:

- Abbaa ciisa tokkoo
- Abbaa ciisa sadii
- Abbaa ciisa lama
- Abbaa ciisa afur

3.2. Mana magaalaa/town house/ abbaa darbii tokkoo fi abbaa darbii lama

4. Ragaa bakka bu'aa:

4.1. Maqaa bakka bu'aa hanga akaakayyuutti _____

4.2. Bakka jireenya bakka bu'aa:

- Naannoo _____ Magaala _____
- Godina/kutaa magaalaa _____ Aanaa_____
- Ganda _____ Lakk. Manaa_____
- Lakk. Bilbila manaa _____ Lakk. Mobaayilii_____

5. Lakk.waraqaa eenyummaa/paaspoortii/gandaa/waajjiraa _____

6. Ani iyyataan maqaan koo kanaa olitti ibsame:
   6.1. Kana dura sagantaa misooma manaa mootummaadhaan diriire kamiyyuu keessatti kan hin galmoofne ta'uu koo,
   6.2. Magaalan keessatti gurmaa'e keessaa maqaa kootiinis ta'e maqaa haadha manaa koo/abbaa manaakootiin kan galmeeffame mana jireenyaa yookiin bakka ijaarsa manaa kan hin qabnee fi kan duras kanan qabu gurgurtaan yookiin kennaan qaama sadaffaatti kan hin dabarsine fi sagantaa miisooma manaa kana duuraan fayyadamaa kan hin taane ta'uu koo,
   6.3. Galmeedhaaf gahaa kan nataasisu gatii ijaarsa manichaa keessaa dhibbeentaa 50% yeroon gurmaa'u, kan hafe dhibbeentaa 50% immoo waldichi yeroo lafa harkaan gahatu lakk. Herrega Baankii cufaa maqaa waldichaatiin banametti kanin galchu ta'uu koo,
   6.4. Manan fudhadhu keessa akkaataa seera gamoo waliiniin buluuf eeyyamamaa ta'uu koo,
   6.5. Anis ta'e haati manaakoo/abbaan manaakoo kan jiraachaa jirru mana mootummaa keessa yoo ta'e manicha qaama bulchutti mana erga fudhannee guyyoota 30 keessatti kennuudhaaf eeyyamamaa ta'uu koo,

6.6. Guca iyyannoo kana irratti kanan guute soba ta’ee yoo argame osoo minichi hin ijaaramiin dura yoo ta’e waliigalteen kan diigamu ta’uu fi manicha ergan fudhadhee booda yoo ta’e seeraan gaafatamuudhaaf kanan walii gale ta’uu,

6.7. Ragaalee fuulduratti gaafataman fakeenyaaaf ashaaraa qubaa fi kan biro kennuuf eeyyamamaa ta’uukoo, akkasumas

6.8. Lakkoofsa 1 jalatti maqaa waldaa hojii gamtaa mana jireenyaa ibsameen miseensota waldichaa wajjin fedhiin gurmaa’uu fi mana jireenyaa ijaarrachuuf haal-duree fi ulaagaalee barbaachisaa akkaataa labsii fi qajeelfama taa’een kanan guute waanan ta’eef waldichi miseensummaadhaan akka na simatu fi kanaa olitti bakka bu’aan maqaan isaanii ibsame dhimma manichaa hordofuun akka naaf raawwachiisan kanan bakka buusee fi ragaan kanaa olitti guute soba ta’ee yoo argame seeraan gaafatamaa akkan ta’u waliigaluun guca kana kanan guute ta’uu koo mallattookootiin nan mirkaneessa.

Maqaa guutuu miseensa waldichaa_____

Mallattoo _____

Guyyaa _____